Kutaa 1ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 1ffaa

Barnoota Sadaffaa:- Waaqa Kadhachuu.....5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Sadaffaa :Waaqa Kadhachuu

I. Hiikkaa

1. Kadhannaan Waaqa wajjiin yaadaan walitti dubbachuu dha. Dubbiin kunis Waaqa kadhachuudhaan waammachuufi bifa galataatiin dhiyaachuu danda'a. "Waan hundumaan kadhachuufi waammachuudhaan galataanis Waaqa biratti kadhannaa keessan beessisaa malee waan tokkolleef hin dhiphatinaa" (Fil 4: 6)

2. Kadhannaan meeshaa nu ittiin lafa irratti fedhii Waaqaa raawwachiifnuu dha. (guunnu).

"...Fedhiin tee akkuma samii irratti taate akkasuma lafa irrattis haa taatuu." Mat 6:10

"Yoo nu akka fedhii isaatti waan tokko kadhanne inni nu dhagaya." Yoh 1ffaa 5:14-15

Akkamitti kadhannaani fuula Waaqaa duratti dhiyaachuu qabna?

"Yeroo mana Waaqayyoo seentutti miila kee eegadhuu, dhagayuuf dhiyaachuun aarsaa nama dhibaalessaa caalaa-tii…Waaqayyo samii irra, ati immoo lafa jirtaatii afaan keetiin hin ariifatin, qalbiin kees fuula Waaqaa duratti dubbii dubbachuuf hin ariifatiin." Lal 5: 1-2

II. Maaliif Waaqa kadhanna?

1. Waan ajaja Waaqaa ta'eef;

"Akka qorama keessa hin seenneef jabaadhaa Waaqa kadhadhaa." Mat 26: 41 "Otoo gargarii hin kutiin Waaqa kadhadhaa." Tas 1ffaa 5:17.

"Akka isaan otoo gargarii hin kutin yeroo hunda Waaqa kadhataniif akkana jedhee fakkeenna isaanitti hime." Luq 18: 1

Sababii karaa guddaa nu ittiin Waaqa beennu ta'eef.
Nama tokko beekuuf, nama sana wajjiin garaa tokkoon walitti dubbachuu qabna. Waaqas beekuu- dhaaf kadhannaan yeroo keenya isa waliin dabarsuu qabna.
"Boqodhaa, akka ani Waaqa ta'es beekaa." Far 45: (46)10

Sababii Waaqa nama dhagawuu qabnuuf;

"Foon cufti gara kee gara Waaqa kadhannaa namaa dhageettu sanaa dhufa." (Far 64(65):- 2
" Inni gurra uume hin dhagawuu ree?" (Far 93 (94):- 9

4. Karaan ittiin Waaqayyo jireenna namaa keessatti fedhi ufii raawwachuuf jedhee qopheesse kadhannaa dha.
"Gara kiyya iyyi, anis siifin deebisa; waan guddaafi humna qabeessa ati hin beennes sittin agarsiisa." Er 33: 3

5. Gargaarsa argachuuf
"Gaafa rakkinaa na waammadhu anis si fayyisa; atis ulfinna naa kennita." Far 49 (50): 15
"Ija kiyya gara gaarotaattin kaase;
gargaaraan kiyya
eessaa haa dhufuu?
Gargaaraan kiyya Waaqa isa samii fi lafa uumee sana biraa haa dhufuu." Far 120 (121):-1

III. Gosoota Kadhannaa

<u>Kadhannaa Qalbii jijjiirannaa</u> :-

Kadhannaa namni tokko kan ittiin ani cubbamaa dha; na

maari " jedhee Waaqa waliin araaramuu dha.

"Yaa Waaqayyo! ani nama cubbamaa; na maari." Luq 18:13

Kadhannaan kun kadhannaa Waaqayyo nama mara ajajee dha.

"Egaa Waaqayyo bara wallaalummaa dabarsee akka namni hundi qalbii jijjiiratu ni ajaja." HuE 17: 30 "Mootummaan Waaqaa dhiyaateeraa qalbii jijjiiradhaa." Mat 4: 17.

B. Amala Qalbii Jijjiirannaa Dhugaa

1. Garaa guutuun gadduu uf-keessaa qaba. Qor.2 ffaa 7: 9-10
2. Yakka ufii ni beeka (nama biraatti hin qabatu) Far 50 (51) 3-4
3. Araara Waaqayyoo irratti xiyyeeffata Far 50 (51):-1
4. Dhiifama cubbuu argamsiisa. Far 50 (51):-7, Yoh 1ffaa 1: 7-9, Ibr. 9:13-14

C. Qalbii Jijjiirannaan Namni Cubbamaan Tokko Godhuufi Qalbii Jijjiirannaan namani amanu tokko godhu wal fakkeennaafi garaa garummaa qaba. Wal fakkeenna:- cubbuun lamaan isaaniiyyuu Waaqaan gargari isaan baasa. Isa. 59: 1-2

Garaagarummaa:- Garaagarummaan isaa sababii namni cubbamaan tokko qalbii kan jijjiiratuuf ijoollee Waaqayyoo ta'uu fi du'a hafuuraa irraa gara jireennaatti cewuuf. Namni amane tokko garuu tokkummaa Waaqa waliin qabu kan sababii cubbuutiin gargari cite sanas qajeelfachuuf jedhee qalbii jijjiirata.

Yoh. 13: 6-10 "...Namni nafa isaa dhiqate tokko miila dhiqachuu malee wanni dhibiini isa hin barbaachisu; nafni isaa marti qulqulluu dha; isinis qulqulluu dha."Jalqabatti yeroo gara Gooftaa dhufnutti nafni keenna marti ni dhiqama. Erga fayyinna argannee garuu yeroo cubbuu hojjannu hunda miila garaa keennaa dhiqachuu qabna.

Kadhannaa gargaarsa Waaqaa barbaaduuf kadhatan

Kadhannaan kun kadhannaa nu ittiin waan jireenna keennaaf barbaachisu Waaqa gaafannuu dha.

"Kadhadhaa, isiniif kennamaatii." Mat 7:7
"Hanga ammaatti waan tokkollee maqaa kiyyaan hin kadhanne; akka gammachuun keessan guutuu ta'uuf kadhadhaa ni argattuutii." Yoh. 16: 24
"...Sababii isin Waaqa hin kadhanneef waa isiniif hin kennamu. Yaq. 4: 2

Deebiin nu kadhannaa keennaaf Waaqa irraa argannu.

A. Tole B. Eegi C. Ani hin kennu, ta'uu danda'a.

Yoo waan fedhii fi yeroo Waaqayyoo waliin deemu ta'e deebii "tole" jedhu ni arganna.

Yoo fedhii Waaqayyoo ta'ee yeroon isaa immoo hin gayin "deebii eegii; obsi" jedhu arganna.

Yoo waan akka fedhii Waaqayyootti hin ta'iniif waan faayidaa nuu hin qabne ta'e deebii "ani hin kennu" jedhu arganna.

3. Kadhannaan nama dhibiif kadhannu

Kadhannaa kun kadhannaa nu otoo ufii keennaaf hin ta'in rakkinna yookiin nagaya namoota dhibiitiif Waaqa kadhannuu dha.

Kadhannaa nu mataan keenya abaluufin kadhadha jennee Waaqa kadhannuu dha.

"Waan cufa keessatti Waaqa waammachuu fi namoota kaaniif kadhachuun, galataanis kadhannaa keessan beesisaa malee waan tokkolleef hin yaadda'inaa". Filp 4:6. Kadhannaa nu yoo jireenna nama tokkoo keessatti dadhabbii arginutti akka inni dadhabbii isaa irraa furamuuf jennee Waaqa kadhannuufii dha. Yoo dadhabbii arginu akka Waaqa kadhannuufii malee akka itti murruuf nuu hin eeyyamamne. (Rom 14:1; Yoh1^{ffaa} 5:16)

Kadhannaa hafuurri nu keessa taa'ee namaa kadhatu: "Akkasumammoo hafuurri dadhabbii keenya keessatti nu gargaara; akkamitti akka kadhannu hin beennuutii; garuu hafuurri mataan isaa aadisa dubbiin hin ibsamneen nuu kadhata. Waaqni garaa keenna qoru sunis yaanni hafuuraa maal akka ta'e beeka. Hafuurri akka fedhii Waaqayyootti waayee qulqullootaa ni kadhataatii." Rom 8:26-27

Warra dubbii Waaqayyoo keessatti namaaf kadhachuun fakkeenya ta'an:

Muusee (Ba'u 32:32)
Saamu'eel (Sam 1ffaa 12:22-23)

D. Yerooni nu kadhannaa namaaf kadhatan kana Waaqa kadhachuu dandeennu hanga lubbuun jirrutti malee erga duunee miti. (Lal 9: 4-6)

4 . Kadhannaa aangoo

Yesuus aangoo yeroo lafa irra ture qabu waldaa kiristaanaatiif kenneera. (Efe 1:19-23)
Kadhannaan aangoo kadhanna nu akka nama amane tokkootti aangoo kanatti fayyadamnee amantiidhaan maqaa Yesuus Kiristoosiitiin Waaqa kadhannuu dha.

Sababiin Waaqayyo aangoo nuu kenneef akka nu ittiin fayyadamnuuf malee akka nu yeroo hunda fuula isaa duratti bo'aa jiraannuu fii miti. Ba'u 14:15-20

"… Maqaa kiyyaan jinnii ni baasu jedha;" Mar 16:17

Qor 2ffaa 10:3-5 "Nu yoo bartee namaatiin jiraannellee, akka bartee namaatti hin lollu; meeshaan waraanaa keenna kan fooniitii mitiitii; dahannoo cabsuuf garuu fuula Waaqayyoo duratti jabaadhaa. Yaada namaatii fi waan beekumsa Waaqayyootti ka'uu

gugurdaa ni diigna. Akka inni Kiristoosiif ajajamuuf sammuu mara ni boojina."

" Ilmi Waaqayyoo (Yesuus Kiristoos) hujii daabiloosii diiguuf muldhifame." Yoh 1ffaa 3:8

Dhukkuba irratti aangoon nuu kennameera.

A. Yeroo ufii dhukkubsannutti (Phe 1ffaa 2:24)
B. Yeroo namoonni kaan dukkubsatanitti (Mar 16:18)

Hafuura xuraa'ota irratti aangoon nuu kennameera (Mar 16:17; Luq 10:19; Mat 18:18; Yaq 4:7-8)

5. Kadhannaa galataa (thanksgiving)

Kadhannaan kun kadhannaa waan nuu ta'e cufaaf ittiin Waaqayyoof galata galchinuu dha. Luq 17:15-18 "Isaan keessaas namni tokko yeroo akka fayye argetti sagalee guddaadhaan Waaqaaf ulfinna kennaa deebi'eeisa galateeffa- chaas fuula isaa duratti addaan gombifame. Innis nama Samaariyaa ture. Yesuusis deebisee, kudhannauu fayyaniiruu meetii ree? Saglan isaanii meerre? Namicha sanyii dhibii kana malee namoonni Waaqaaf ulfinna kennuu deebi'an hin argamne" jedhe.

"Yaa lubbuu kiyya! Waaqa eebbisi; galata isaa hundas hin irraanfatin; kan cubbuu kee cufa siif dhiisu, kan dhukkuba kee hundas si fayyisu..." Far 103:2

6. Kadhannaa Waaqeffachuu (Praise or Worship)

"Waaqayyo Hafuura, warri isaaf sagadanis dhugaa fi Hafuuraan isaaf sagaduu qabu " Yoh 4:24

Kadhannaan kun kadhannaa nu waan Waaqayyo waa nuu godheef qofaaf otoo hin ta'in waayee eenyummaa isaatiif ittiin isa galateeffannuu dha.

"Halee Luyyaa ! harjaadhaatii , araarri isaas hanga barabaraati, Waaqa galateeffadhaa." Far 106:1

Kadhannaan kun kadhannaa nu rakkinnallee keessa taanu akkuma Iyyoobi sana ittiin Waaqa galateeffannuu dha. "Waaqayyotu kenne; Waaqayyottu fudhate maqaan Waaqayyoo haa eebbifamuu. Kana hunda keessatti Iyyoob yakka hin hojjanne. Waaqayyottis dubbii dhibaalettii hin dubbanne. Iy 1:21-22

Daawit dheekkamsa Waaqayyoo galataan fudhate. Sam 2ffaa 12:15-20

"Yaa ilma kiyya! Dheekkamsa Waaqayyoo hin tuffatin yeroo inni sitti dheekkamuttis hin laaleffatin. Waaqayyo akka abbaan ilma isaatti dheekkamu nama jaalatutti dheekkamaatii." Fak 3:11-12 Yeroo Waaqayyo nutti dheekkamu; (Fak 3:11-12; Ibr 12:5-6)

Dheekkamsa isaa tuffachuu yookaan salphisuun otoo hin ta'in.

B. Laaleffachuu yookaan dadhabuu otoo hin ta'in,

C. Akkuma Daawiti Waaqa galateeffannee fudhachuu qabna.

Galanni waaqeffannaa akkuma soogiddaa kadhannaa keenya Waaqatti miyeessa."Waan mara keessatti ufii kadhachuu fi namaaf kadhachuun galata waliinis ..." Fil 4:6

7. Kadhannaa uf kennuu (Prayer of submission)

Kadhannaan kun kadhannaa guutumaan guutuutti Gooftaaf uf kennuu ti. Tokkoon tokkoon keenya yeroo jalqabaatti jireenya keenya Gooftaaf kenninetti kadhannaa qalbii jijjiirannaatti aansinee kadhannaa kanaan Waaqa kadhanne. Gooftaadhaaf mataa keenna bulchina; uf kennines. Kadhannaan kun, kadhannaa nu eegii Gooftaa fudhanneen duuba yeroo cufa kadhachuu qabnuu dha. Yeroo wonni guutumaan guutuu Gooftaaf hin kennamin (hin jilbiinfatin) tokko tokko jireenna keenna keessatti muldhatutti kadhannaa kana kadhachuun ni barbaachisa. Yoo wonni Gooftaa hin gammachiifne tokko tokko jireenna keenna keessatti muldhate, "amala

kiyya" jennee haguugnee dabruu irra waan sana "kadhannaa uf kennuutiin" Gooftaatti dhiyeessuu barbaachisa.

Wonni kadhannaa kana kadhannaawwan kaan irraa adda godhu, kadhannaan kaan aarsaawwan Waaqayyoo dhiyeeffaman yoo ta'ee, kadhannaa uf kennuu keessatti garuu, wonni nu aarsaa goonee Waaqayyoof dhiyeessinu matuma keenya. Sababii kanaaf, Rom 12:1 irratti "Egaa yaa obboleeyyan ani akka isin nafa keessan aarsaa jiraataa, Waaqa gammachii- suuf qulqulluus gootanii dhiyeessitaniif gara laafinna Waaqayyootiin isin kadhadha."jedha.

Akkasumas Kitaaba Sen 1ffaa 29:5 irratti "Namni hardha fedhii ufiitiin Waaqayyoof uf qulqulleessu eennyu? " jechuudhaan akka kadhannaa uf kennuutiin aarsaa qulqulluu goonee mataa keenya Waaqaaf dhiyeessinu nu hubachiisa.

Kadhannaan uf kennuu kun gosa kadhannaawwan kaanii hundaaf akka bu'uura ta'e hubachuu ni dandeenna. Sababiin isaas nu otoo guutumaan guutuutti uf hin kennin yoo kadhannaa namaa kadhachuu, kadhannaa galataa, kadhannaa Waaqeeffachuu kan kana fakkaatanillee dhiyeesinellee sababii jireenya uf hin kennin irraa dhufeef fudhatamni isaas akkasuma diqqaata.

8. Kadhannaa Tokkummaa

Kadhannaan kun kadhannaa tokkummaa kana amantoonni lama yookiin lamaa ol ta'an garaa tokkoon, walii galanii Waaqa kadhatanii dha.

"Isaanis yommuu dhagayanitti garaa tokkoon qonqa isaanii gara Waaqaatti ol fudhatan. HuE 4:24

"Isin keessaa yoo namoonni lama lafa irratti waan kadhattan hundumaa irratti walii galan Abbaa kiyya isa Samii irra jiru irraa ni kennamaafi. Bakka namoonni lama yookiin sadii maqaa kiyyaan itti walitti qabamanitti ani isaan jidduutti nan argamaatii." Mat 18:19-20

"Otoo isaan hundinuu garaa tokkoon waliin jiranuu akkuma tasaa sagaleen akka bubbee nama butuu tokko samii irraa dufe." HuE 2:1-2 Dubbiin Waaqaa," namni tokko nama kuma, namni lama immoo kuma kudhan ari'a jedha. Kadhannaan tokkummaa humna ida'amaa qaba.

IV. Wantoonni akka kadhannaan keenna hin dhagayamne godhan maal fa'a?

1. **Cubbuu**

Far 66:18 "Otoo ani garaa kiyya keessatti, yakka argee jiraadhee gooftaan na hin dhagawu ture." Isa 59: 1-2 "Kunoo harki Waaqayyoo nama fayyisuu irraa hin gabaabbanne; gurri isaas waa dhagawuu irraa hin duudne. Garuu yakki keessan isiniifi Waaqa keessan jidduu seenee gargarii isin baaseera. Waaqnis akka isin hin dhageenyeef fuula isaa isin dhoffateera."

2. Akka Fedhii (dubbii Waaqaatti) Waaqayyootti Waaqa kadhachuu Dhabuu

Yoh 1ffaa 5:14-15 "Yoo nu akka fedhii isaatti waan tokkollee kadhanne Waaqayyo nu dhagaya..."
Yaq 4:3 "Isin ni kadhattu; garuu waan hawwii hamaan akka fedhii foon keessaniitti kadhataniif hin argattan."

3. Hirdhinnaa Amantii (mamuu, amanuu diduu)

Yaq 1:6-8 "Garuu otoo hin mamin amantiin haa kadhatuu; namni milaamilchu (lellequ) nama bubbeen oofamuu fi raafama dhawaa galaanaa fakkaata. Namni yaada lama qabu, kan karaa isaa irrattis mamu waan gooftaa irraa waa argatu hin se'in."

Mar 11:23-24 "Ani Dhuguma isiniin jedha; Eennuuyyuu yoo otoo garaa isaatti hin mamin akka wanti inni Waaqa kadhatu kennamuuf amanee gaara kanaan, "buqqa'iitti galaanatti darbatami!" jedhe ni ta'aaf. Kanaaf ani isiniin nan jedha; waan

Waaqa kadhattaniifi waan gaafattan cufa akkuma waan argattaniitti amanaa. Isiniif ni ta'aatii."

Amantii fi Kadhannaan gargari hin ba'an

Nu kadhannaa kamiyyuu amantiin dhiyeeffachuu qabna.
" Inni otoo hin mamini amantiin haa kadhatuu," Yaq 1:7.

"Yaa lubbuu tiyya maaliif gaddita? Maalifis na raafta? Akka ani fayyisaa kiyyaa fi Waaqa kiyya galateeffadhuuf ati Waaqa kee amanadhu." Far 42: 5:11 Yeroo kadhannaa kan nu guyyuma guyyaan dhuunfaatti qabaannu yeroo caldheessa jedhama.

Yeroo Caldheessaa

I. Caldheessa jechuun maal jechuu dha?

Caldheessi waan lama nu agarsiisa.

1) Caldhisuu 2) Caqasuu (dhaggeeffachuu)

Caldheessa jechuun yeroo itti kiristaanni tokko fuula Waaqaa duratti cal-jedhee Waaqa caqasee waan garaa isaa keessa jiru fuula Waaqaa duratti dhangalaasu jechuu dha.Yeroo caldheessatti karaan nu ittiin Waaqa dhagee- ffannu dhibiin hafuura kadhannaatiin dubbii Waaqaa dubbifachuun yeroo nu itti garaa keenna fuula Waaqaa duratti boqochiifnu."
"...Fuula Waaqaa durattis garaa keenna ni caldhisiifna. Yoh1ffaa 3: 20
Yeroo nu Waaqa dhagawuuf fuula Waaqaa duratti dhiyaannu.

"Yeroo mana Waaqaa seentu miila kee eegadhu; dhaga'uuf dhiyaachuuni aarsaa gowwoonni dhiyeessan caalaatti; ...Waaqayyo samii irra, ati ammoo lafa jirtaatii afaan keetiin hin jarjarin. Garaani kees fuula Waaqaa duratti waa dhubbachuuf hin ariifatin." Lal 5:1-2.

"…Saamu'eelis garbichi kee ni dhagayaatii dubbadhu" jedhe. Sam 1ffaa 3:10

Yeroo nu itti Waaqa dheebochuun fuula isaa barbaannu lubbuun tiyya Waaqa jiraataa dheebotte. Ani yoom dhaqaba? Fuula Waaqayyoos yoomin arga?" Far 42:2

"Yeroo ati fuula koo barbaadaa jettetti; Yaa, Waaqayyo ani fuula kee barbaada; garaani kiyya "suma" jedhe. Far 27:8

"Kadhadhaa isinii kennama barbaadaa ni argattuutii; balbala rurrukutaa isiiniif banamaatii. " Mat 7:7

Nu yoo kadhanne harka Waaqaatii arganna. Yoo barbaanne fuula Waaqaa (garaa isaa) arganna.

Yoo balbala rurrukunne balballi nutti cufame sun nuu banama.

"Kunoo ani balbala banamaa fuula kee duraan sii kenneera, namni tokkolleen cufuu hin dandawu. " Mul 3:8

II Yeroon Caldheessaa maaliif nu barbaachisa?

Fedhii, qajeelchaa fi gorsa Waaqaa beekuuf

" Namni na dhagawu garuu nagayaan jiraata;
rakkinna sodaachuu irraas ni boqota." Fak 1:33

" Otoo sabni kiyya na dhageeffatee jjiraatee otoo
Israa'el karaa kiyya irra deemee jiraatee ani
silaa dafee dinoota isaanii nan qaanessa ture;
worra isaan cinqan irrattis harka kiyya nan cimsa ture;
Diinonni Waaqaas ni buluuf ture. Barabaraanis ni
jiraatu ture.Qamadii dansaa isaan nyaachisa ture.
Dammaa qarsaatiinis isaan quubsa ture." Far 81:13-16

2. Akka jireenni keenna qajeeluuf yookiin fayyuuf Wangeela

Luq. 24:13-35 (kutaa kanaa dubbisi) Kutaan kun Ifaan ifatti waayee yeroo caldheessaa dubbachuu baatullee akka Kiristaana yeroo caldheessa ufii dhiise tokko akka fakkeennaatti fudhannu nuu ibsa" jedha.

Barattoonni lamaan abdii kutatanii huqqatanii Iyerusaalemii lafa manni Waaqaa jiruu gara Emaahusi deemaa turan.

Akkuma kutaa kana irraa hubannu nu yoo yeroo caldheessaa keenna dhiifnu milikkitoonni kunneen jireenna keenna keessatti ni muldhatu.

A. Hafuuraan jiraachuu dhiifnee yaadaan waa qorachuu jalqabna, "Otoo isaan dudubachaa fi qorachaa jiranuu (Luq 24: 15)"

B. Iji keenna kan hafuuraa ni hagoogama. Ilaalchi keenna ilaalcha foonii ta'a. "Garuu akka isa hin hubanne ij isaanii hagoogamee ture. (Luq 24:16)

C. Jireenyi keenya ni xoolagaa; Dubbiin keenyas miyaa dhaba. "Innis wanti isin otuma xoolagaa deemtanuu walitti dubbattan kun maali jedhee isaan gaafate" Luq 24:17)

Qalbiin keenya nurraa fudhatama " isin warri hin qalbeeffanne kun…" (Luq 24:25)

Yommuu yeroo caldheessaa qabaannutti garuu akkuma warra eegii Gooftaa waliin dudubbatanii booddee jijjiiraman sanaa:-

A. Iji keenna kan hafuuraa nuu banama.
" Iji isaanii baname..." (Luq 24:31)

B. Hanga duraa beenne caalaa Kiristoosin beenna
" … isas ni hubatani…" (Luq 24:31)

C. Jireenni keenna xoolaagaani sun nioow'a (ni lalisa) ni bulluqa)
Isaanis, "yeroo inni karaarratti nu waliin dubbachaa kitaabilees nuu ibsaa ture sana garaan keenna nu keessatti gugubbachaa hin turree?" waliin jedhani (Luq 24: 32)

D. Abdiin guutamnee gara mana Waaqaatti deebina:
"Yeruma sana ka'anii Yerusaalemitti deebi'an." (Luq 24:33)

Amantoota kaawwan waliin tokkummaa qabaanna.
"Waan karaa irratti ta'eefi akka inni yeroo buddeenna cabseefitti uf beessise jaratti himan." Luq 24:35.

3. Waaqa Beekuufi

"Saamu'el garuu (yeroo daa'imummaa isaatti) Waaqa hin beenne ture." Sam 1ffaa 3 : 7
Sababiin isaas inni duraan qoonqa Waaqaa dhagayee hin beeku ture.
" Boqodhaa, akka ani Waaqa ta'es hubadhaa! Far 46:10

4. Waaqa Fakkaachuufi

"(Muuseen) ...waan Waaqni isa waliin dubbateef akka fuulli isaa calaqqise(billiqa) hin beenne ture…" Ba'u 34:29-35

Muuseen calaqqisuu fuula isaa qofa otoo hin ta'in amalli isaalleen amala Waaqa fakkaata ture. "…namni kassoon akka isaa tokkoyyuu hin turre." Seera Lak 12 : 3

5. Araaraa fi Ayyaana argachuuf

"Egaa akka araara argannuuf, yeroo nu barbaachisutti immoo akka ayyaana nu gargaaru argannuuf mee koottaa gara teessoo ayyaana isaatti amantiin dhiyaannaa." Ibr 4:16

6. Humna Hafuuraa Argachuufi

"… Isin garuu hanga olii humna argattanitti magaalaa Yerusaalemi keessa tura." Luq 24 : 49

Haalli nu ittiin yeroo caldheessaatti eebbawan armaan olitti tuttuqaman kanneen argachuu dandeennu yoo yeroon caldheessaa keenya sun yeroo nu itti yaada keenna walitti qabachuu dandeennu ta'ee dha. Sa'aatiin yeroo caldheessaatii tolu yeroo baayyee ganama ganama.

"Innis ganamaa kayee otoo lafti hin bari'in gadi ba'ee; gara lafa onaa dhaqee achitti kadhate." Mar 1:35.

"Ganama ganama (sagalee) kiyya ni dhageessa; anis ganama ganamaan fuula kee dura nan dhaabadha. Si eegadhas. Far 5: 3 Caldheessi qoonqa ufii Waaqa dhageessifa- chuu qofa otoo hin ta'in Waaqa eegachuullee uf keessaa qaba.

III. Yeroo caldheessaa akkamitti amala godhanna?

1. Yoo wanti qalbii keenna xureessu tokkolleen jiraate qalbii keenya jijjiirachuudhaan jalqabuu qabna. "Dhiigni Kiristoosi isa mudaa tokko malee hafuura barabaraatiin Waaqatti uf dhiyeesse sun akka isin Waaqa jiraataa Waaqeffataniif hujii du'aa irraa qalbii keessan hagam hin qulqulleessuu ree?" Ibr 9:14 Yoo qalbiin keenna womaa nutti hin murre garuu kadhannaa keenna qalbii jijjiirachuun jalqabuu nu hin barbaachisu. Yoo waa nutti dhagayame garuu akkuma Daawiit cubbuu dhokataa cubbuu ani hin beekin irraa na qulqulleessi jechuu ni dandeenna.

   "Yaa jaallan yoo qalbiin keenya nutti hin murre Waaqa duratti ija jabeenna qabna." Yoh1ffaa 3:21

2. Gammachuun , ajajamuu fi galataan fuula Waaqaa duratti dhiyaachuu qabna.
   "Gammachuunis Waaqaaf bulaa.
   Ililchuunis fuula isaa dura dhiyaadhaa;

Isaaf ajajamuun karra isaa seenaa. Gara waltajjii isaattis galataan ol-seenaa:Isa galateeffadhaa; Maqaa isaallee eebbisaa." Far 100:2,4

Yeroo Faarfannaa Daawiti 148, 149 fi 150 ilaallutti kutaalee kunneen sadanuu waayee Galateeffachuu dubbatu.

Faarfannaan 148 akka eennu galateeffachuu qabu nutti hima. Wolumaa galatti uumamni marti akka Waaqa galateeffachuu qabu nutti hima. "Maleekkonni, raayyaan, isaa. aduu fi jii'i, urjoonni, bofti, ibiddii fi cabbiin; bubbeen, gaarran tulluuwwan, mukeenni, bineensonni fi beelladoonni, warri garaan lafarra (munyuuqaanii fi warri Koolaan barrisan, mootoonni lafaa, Namoonni ormaa: bulchitoonni, Abbootiin murtii, ka'imoonni ga'eessonnii fi shamarran bareeddonni, jaarsonni fi ijoolleen hundinuu Waaqaa haa galateeffatani. "

Far 149 Maaliif akka Galateeffannu nu gorsa; sababiin nu Waaqa galateeffannuuf tokko, galateeffachuu keessa moo'annaan waan jiruufi. Maxxaansaa haaraya kitaaba qulqulluu Faar 149:6-9 keessatti, "Goraadee qara qabu harkatti qabatanii ililchaa qoonqa guddaan Waaqa haa galateeffatanii. Yoo akkas godhan mootumoota moo'achuuf; uumattootas adabuufi, mootota isaaniillee, "sansalataan hidhuufi; qondaaltoota isaanii siibiila miilaatiin (feerroon) hidhuufi; Akkuma Waaqni ajajeen ummatoota adabuuf; saboonni Waaqaa injifannoo qabaatu." jedha.

Far 150 immoo akkamitti akka galateeffannu nutti hima; waan qabnu cufaan. namummaa keenna hundumaan (hafuura keennaan). "Magalataan, baganadhaan, maasanqoon, dibbee fi shuubbisuun; kiraaraafi ululleen, kililleedhaan (saqaan) ...wanti hafuura qabu cuftinuu Waaqa haa galateeffatuu." Far 150:3-6.

3. Gooftaa duratti otoo waa tokkollee hindubbanne yeroo caldhifnee dhageeffannu nu barbaachisa.

"Waaqni mana isaa qulqullicha keessa jira;Lafti marti fuula isaa duratti haa caldhistuu." Inb 2:20

Kadhannaan nu ufii keennaa yookaan gareen goonu kamiyyuu akka caalaatti humna qabaatuuf akkuma barbaachisetti, soomuun Waaqa dura dhiyaachuun barbaachi- saa dha.

SOOMA

“Namni dubbii afaan Waaqaatii bawu cufaan malee nyaata qofaan hin jiraatu.” Mat 4 : 4

I. Hiikkaan Soomaa

Kutaaleen dubbii Waaqaa kanneen armaan gaditti tuqqaman (barreeffamani) yoo waan waayee soomaa dubbatan hin fakkaannayyuu hiikkaa soomaa sirriitti nuu ibsu.

“Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "nyaanni kiyya fedhii isa na ergee guutuufi hujii isaas fiixaan baasuu dha.” Yoh 4:34

“Garbicha Abrahaamiitiif waan inni nyaatu dhiyeessa- niif. Inni garuu ‘ani hanga waan garaa kiyya keessa jiru dubbadhutti hin dubbatin hin nyaadhu’jedhe.” Uum 24:33

“Warri qajeelinna beelayanii dheebootan eebbifamtoota; ni quufuutii.” Mat 5:6

Kutaalee dubbii Waaqaa kanneen irraa akka namoonni beela foonii caalaa beela hafuuraa. dursuu qaban hubanna. Soomnilleen gabaabumatti yoo beelli nu mootummaa Waaqayyootiif qabnu beela fooniitii ol ta'e yookaan beela foonii moo'ate jechuu dha.

II. Dubbii Waaqaa keessatti -Namoonni maaliif Soomani?

Isaanis:- Yeroowwaniifi sababiiwwan armaan gadi jiraniif sooman.

1. Waaqarraa qajeelcha argachuuf
   Ba'u 34:28 ; Izr 8:21
2. Waamicha tajaajilaa jalqabuun duratti (Mat 4:1-17)
3. Gooftaa Waaqeffachuuf (HuE 13: 2)
4. Namoota tajaajilaaf foowuun duratti (HuE 13:3)
5. Yeroo moo'atamiinsaatti (Abb. Murtii 20:24-26)
6. Yeroo gaddaatii fi yeroo miidhaa. (Waayee biyyaa, Waayee saba,Waayee mana Waaqayyoo) (Sam 2^{ffaa} 1:11-12, Nah 1:2-4; Sam 1^{ffaa} 7 :6)
7. Yeroo murtii yookiin adabbii (Sam 2^{ffaa}12:16-23, Mot 1^{ffaa} 20:27-29, Yns. 3:5-10)
8. Fuula Waaqaa duratti uf diqqeessuuf (Izr 8:21)
9. Ijoollee keennaa fi qabeenna keennaaf (Izr 8:21)
10. Akka dubbiin abdii kan Waaqni duri nuuf kenne sun raawwatamuufi. (Dan 9:1-23)
11. Yeroo cubbuu irraa deebinu (Nah 9:1-2. .Iyu 2:12-13)
12. Yeroo Waraanni diinaa cimutti (Ast 4:1-17)
13. Jinniiwwan mancaasuuf (Baasuuf) (Mat 17:21)
14. Namoota Gooftaatti imaanaa kennuufi (HuE 14:23)
15. Soomaafi Kadhannaa akka tajaajilaatti fudhachuudhaan. (Luq. 2:37)

III. Kaayyoon Soomaa inni guddaan Maali?

Kaayyoon Soomaa guddaan qoonqa keenya Waaqa dhageessifachuu. Isa 58 guutuu dubbisi.

Lak. 3-4 keessatti "maaliif soomne" atis maaf nu hin ilaalle? Nafa keenna maaliif gadi-diqqeessine? Atis maaliif hin beenne?" jedha. Isin yeroo soomtani fedhii keessan guutattu; hojjattoota keessanis ni cinqitu. Kunoo lolaa fi wal mormuuf soomtanii; tontoommoo dharaatiinis wal dhooftu (rukuttu); qoonqa keessan Waaqaa dhageessifachuuf akka hardha soomtanitti hin soomtani."

Lak. 6 -14 "Soomni ani filadhe kanaa mitii? Akka ati hidhaa jaldhinnaa hiiktuuf nyaata kees nama beelayeef akka qoodduuf,

akka hiyyeeyyii qa'ee isaanii irraa buqqa'an mana keetti simattuuf, nama daares yoo argite akka daara baaftuufii ....miti? Yeroo sana ni waammatta Waaqnis si dhagaya; ni iyyita Waaqnis "ani kunoo jira" siin jedha. ....quba kee namatti qabuu yoo dhiifte, yoo hi gururi'in; lubbuu kees yoo nama beela'eef kennite, lubbuu dhiphatte yoo quubsite, ifti kee dukkana keessatti ni ifa; dukkanni keelleen akka aduu saafaa ta'a. Waaqnis yeroo hunda si qajeelcha; lubbuu keellee waan dansaan quubsa; lafee keellee ni jabeessa. Atis akka jannata yeroo hunda bishaan qabuu, akka burqaa bishaan hin gonnee taata. ....Karaa ufii barbaadde deemuu, fedhii keellee argachuu fi waan bu'aa hin qabne dubbachuu irraa uf-dhowwitee yoo Waaqaaf ulfinna kennite. Yoo sana Waaqatti ni gammadda. Anis garotaatti ol si baasa..."

Walumaa galatti soomni waa nyaachuu dhiisuu qofa irratti xiyyeeffata otoo hin ta'in fedhii fi hawwii ufii dhiisanii fedhii Waaqaa guutuu jechuu dha. Kan soomuu qabus garaa keenna qofa otoo hin ta'in , afaan keenna, harka keenna, miila keenna, yaada keennaafi nafa keenna cufa ta'uu qaba. Akkuma Is.58 irraa hubannutti soomni waan hamaafi fedhii ofii irraa of qabuu qofa otoo hin ta'in hujii qajeelinaa hojjachuullee of keessaa qaba.

IV. Wontoota yoo soomnu hubachuu qabnu

Dandeettii teennaa ol soomuu hin qabnu

Yeroo jalqabaatiif gabaabsinee haa jalqabnu. Ciree keenna (nyaata ganamaa) dhiisuun jalqabuu ni dandeenna. Itti aansinee ciree fi laaqana dhiisuu ni dandeenna. Sana booda akkuma haalaa fi barbaachisummaa isaatti akkuma ayyaanni Waaqayyoo nu kakaaseen soomuu ni dandeenna. Ebalu guyyaa haganaa soomeeraatii anis akkasuma soomuu qaba jechuun sommaaf uf kakaasuu hin qabnu. Kaayyoon soomaaa foon (qaama) keenna gadi-qabuuf malee foon keenna miidhuuf, cinquuf akkasumas adabuufii miti.

2. Seera guutuuf jeennee soomuu hin qabnu.

Kitaaba Waaqaa keessatti Ebalu faatu (fa'a) yeroo hagasii waan soomaniif nus hanga isaanii soomuu qabna jechuun otoo hin ta'in, sababii isaan soomaniif hubannee sababiin isaan soomaniif sun jiruu keenna keessatti yoo nu quunname nus soomuu qabna. Waaqayyo warra dhugaa fi hafuuraan (ayyaanaan) isa waaqeffatan malee warra seera qofa duukaa bu'aa isa Waaqeffatan hin barbaadu.

"Ummanni kun hidhiin na kabaja; garaan isaa (qalbiin isaa) garuu baay'ee narraa fagaateera.Barumasa seera namaa barsiisaa akkanumaan na Waaqeffatan." Mat 15: 8-9
"Waaqayyo Hafuura (ayyaana) warri isaaf sagadanis hafuuraa (ayyaanaa) fi dhugaan isaaf sagaduu qabu. Yoh 4:24

3. Murtii isa dhumaa haa goonu.

Yoo akkas hin godhiin afeerraann dhufu martinuu yaada keenna nu jijjiirsisa.

4. Na argaa'f Soomuu hin qabnu.

"Yoo soomtanis akka warra uf-tuultotaa hin huuqqatinaa; isaan akka sooman namootatti uf muldhisuuf jedhanii fuula isaanii boosomsuu ti. Ani dhuguman isiniin jedha. Isaan gatii isaanii argataniiru. Ati garuu yoo soomtu abbaa kee isa bakka dhosaatiif waan ta'eef akka nama soomaa jiruutti namootatti akka hin muldhanne mataa kee dibadhu; fuula keellee dhiqadhu; abbaan kee inni waan dhokate argu sii kaffalaatii." (Mat 6:16-18)

5. Yoo soomnu yeroo ka dhadhannaa gahaa qabaachuun nu barbaachisa.

Soomni kadhannaan alatti garaa qulqulleeffachuuf yookiin ulfina guddina keenna dhiidhisuuf (hirdhisuuf) yoo ta'e malee

faayidaa haafuuraa (ayyaanaa) hin qabaatu. Sababiin isaa kaayyoon soomaa qoonqa keenna gara Waaqaatti dhageessisuuf waan ta'eef.

Waaqni jiruu keenna fi kan kadhannaa kan soomaa tii haa lalisiisuu.

Barumsa Sadaffaa:- Kadhannaa

Laakk waraqaa Eennummaa _____
Maqaa _____
Teessoo _____
_____
_____

1. Namni amane kamiyyuu otoo wal irraa hin kutin akka kadhachuu qabu dubbiin Waaqaa ni dubbata. Kadhannaan maaliif barbaachise?
2. Kadhannaa galataatii fi kadhannaa Waaqeeffannaa gidduu garaagarummaa jiru eeri.
3. Garaa garummaan kadhannaa kadhaatiifi kadhannaa waamachuu gidduu jiruu maali?
4. Wantoota akka kadhannaan keenna deebii hin arganne godhan eriitii isaan keessaa waayee isa tokkoo ibsa gabaabaa kenni.
5. "Yeroo kophaa (caldhisii)" maal jechuu dha?
6. Jireenni kiristaana yeroo kophaa (caldhisii) hin qabnee maal fakkaata?
7. Yoo yeroo kophaa (caldhisii) kan wal irraa hin cinnee yoo qabaatte; yeroon kun karaa kamiin si fayyade?
   yoo yeroo caldhisii kan wolirraa hin cinne hin qabaatiin maal godhuu qabda?
8. Kaayyoon soomaa inni guddaan maali?
9. Maal fa'aaf soomuun barbaachisa? (qabxii shan qofa eeri)
10. Akka Kiristaana tokkotti yeroo itti soomatu ni qabada jennee yaadna Yeroo soomtuu fi yeroo kadhattu wantoonni sirritt habachuu qabda maal fa'a?